



Akkaataa deeggarsa jireenyaa bu'uuraa fi CPR daa'ima keessaniif mana keessatti kennuu dandeessan

DRSABC fayyadamuun akkaataa deeggarsa jireenyaa bu'uuraa daa'ima keessaniif itti hojjettan baradhaa.

Balaa (Danger)

Waan balaa sitti, daa'ima keetiitti ta'u yookiin iddoo ati jirtutti ta'uu dandahu **ilaali**.

Deebii (Response)

Daa'ima keetitti **duubadhutii** suuta tuquudhaan akka tuqiinsa itti dhagahame ilaalaa. Gurra micciiruun akka dhukkubbiin itti dhagahamtu ilaali.

Daa'ima hin daddarbin

Qarqaarsa yaamadhu (Send for help)

Lakkoofsa (000) bilbili. Bilbila ispiikeera irratti kaayiiti Ambulaansii gaafadhu

Yoo daa'imni hafuura baafataa hin jiraatin, tartiiba **ABC** kan itti aanu itti fufi. Yoo namni biraa si waliin jiraate, yeroo ati **ABC** jalqabdu 000 bilbiluu qabu.

Konkolaataa keessaniin gara hospitaalaa hin deeminaa. Ambulaansiin akka dhufu eegaa.

Ujummoo qilleensaa (Airway)

Daa'ima keessan bakka jajjabaa fi diriiraa ta'e irra kaa'aa.

Harka tokko mataa daa'ima keessanii gubbaa, harka tokko areeda (maloollee) daa'imaa irra kaa'aa.

Ujummoo qilleensaa banuuf **mataa fi morma qajeelchiitii areeda xiqqo olqabi**

Yoo wanti ujummoo qilleensaa cufe jiraate, gara cinaachaatti garagalchii quba kee xiqqootti fayyadamii keessaa baasi.

Hargansuu (Breathing)

Sochii qomaa **ilaali**.

Qilleensi hidhii fi afaan keessaa bahu **dhaggeeffadhaa.**

Boqoo keessan irratti qilleensi akka isinitti **dhagahamaa jiru** addaan baafadhaa.

Yoo daa'imni keessan **hafuura baafachaa hin jiraatin** ykn hargansuun isaa sirrii hin tahin, **hafuura 2 kennuudhaan CPR (dhiibbaa qomaa) jalqabaa.**

Yeroo hafuura kennitan hidhii fi afaan daa'ima keessanii afaan keetiin haguugi.

Dhiibbaa qomaa (Compressions (CPR))

Quba 2 walakkaa qoma daa'imaatitti sarara mucha harmaatiin gadiitti kaa'i.

Qoma daa'imaa gara gadiititi fageenya gara 1/3 gadi **dhiibi**.

Dhiibbaa 30 hojjedhu, sana booda **hafuura 2** kenniif.

Saffisa **sekondii tokkotitti dhiibbaa si'a 2 dhiibi**.

Daqiiqaa 2 keessatti, hargansuu ilaali yoo dandeesse nama biraa waliin wal jijjiiri.

CPR dhaabuu kan dandeessu yeroo:

- Daa'imni keessan ofumaan hafuura baafachuu jalqabe - cinaachaani ciibsi hanga ambulaansiin dhufutti hargansuu too'adhu
- Gargaarsi meeshaalee jireenyaa sadarkaa olaanaa qaban yoo dhufe
- Kophaa taatee garmalee dadhabde – boqonnaa gabaabaaf dhaabuun ni dandeessa.

Odeeffannoo dabalataaf

Viidiyoo, Akkaataa daa'imman ji'a 0-12 ta'aniif CPR kennuu dandeenyu jedhu Chaanaalii Better Health Channel jedhu irratti ilaalaa. Afaanota hedduudhaan qophaahee jira. betterhealth.vic.gov.au/health/conditionsandtreatments/cardio-pulmonary-resuscitation-cpr

Turjumaana si barbaachisa?



Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

D

Danger (Balaa)

Balaa si ykn daa'ima kee irratti dhufu kamiyyuu ilaaliiti balleessi

R

Response (Deebii)

Daa'ima keetitti duubadhu suuta tuquun deebii kennuu fi dhiisuu isaa ilaalaa.
gurra micciiruun akka dhukkubbiin itti dhagahamtu ilaali.
yoo deebii hin kennine, lakkoofsa (000) bilbili.

S

Send for help (Qarqaarsa yaamadhu) – lakkoofsa (000) bilbili

Bilbila ispiikeera irratti kaa'aa.
Ambulaansii gaafadhu.
Bilbila irra turi bilbila hin cufin.

A

Airway (Ujummoo Qilleensaa)

Ujummoo qilleensaa bani, Areeda (shangoobata) daa'ima qoma irraa kaasi. Yoo wanti ujummoo qilleensaa cufe jiraate, cinaacha garagalchiiti quba kee xiqqootti fayyadamii keessaa baasi.

B

Breathing (Hargansuu)

Hafuura baafachuu ilaali: ilaali, dhaggeeffadhu, fi tuqi. Daa'imni kee yoo hafuura hin baafatin ykn hargansuun sirrii hin tahin, hafuura yeroo 2 fi Dhiibbaa fi hafuura kennuu jalqabi.
Yeroo hafuura kenituuf funyaanii fi afaan daa'ima haguugi.

C

Dhiibbaa (CPR) /Compressions (CPR)

Quba 2 walakkaa qoma daa'imaatti kaa'i, sarara mucha harmaatiin gaditti.
Qoma daa'ima gara gadiititi fageenya gara 1/3 gadi dhiibi.
Dhiibbaa 30 hojjedhu, sana booda hafuura 2 kenniif.
Saffisa sekondii tokkotitti dhiibbaa si'a 2 dhiibi.

Iddoon ammaa kana jirtu eessa akka ta'e barreessi.

.....

.....

.....

.....